# Mata-duree: Sirna Gadaafi Finnaa: Falaasama Xabboo Oromoo Wayyoomsa Diinagdee Keessatti

Gemechu Dadi*

**Xeerara:** Qorannoon kun hariiroo Sirna Gadaafi finnaa (falaasama wayyoomsa diinagddee) ibsurratti xiyyeeffata. Yaada kana galmaan ga'uufis qorannoon kun mala qorannoo akkamtaafi mala iddatteessuu mit-carraa-hammargeefi iyyafannootti dhimma baheara. Af-gaafii, marii-gareefi sakattaan galmeewwanii ammoo meeshaalee funaansa raga qorannoo kanaa turan. Akka argannoo qorannoo kanaatti, yadrimeen finna ((economic) development) jedhu utubaalee Sirna Gadaa afran keessaa tokko. Falaasamni Sirna Gadaa wayyoomsa diinagdee biyyaa keessatti gahee guddaa qabaataa kan ture ta'us, lafa xiyyeeffannoo qorannoo osoo hin ta'in turee jira. Yaadrimeen "finna" jedhus iccitii haqummaa (equity) kan qabeenya eebba qabu, ifaajaan horatamefi dhaluu danda'u jechuu akka taa'e qorannoon kun adda baasee jira. Akkasumas, Sirni Gadaa akkuma siyaasa, hawaasummaafi amantiitti, finnaa (misooma diinagdee) fis umurii (age-set)fi gitaa (Gada Grade)n waan mijeessu qaba. Kun ammoo Sirna Gadaa keessatti dhaloota irraa hanga dumaa/boqotaatti maarsaan adeemsa wayyoomsa diinagdee maal akka ta'e waan agarsiisu qaba. Akka qorannoo kanaatti, finni bakka lamatti qoodama; finna dhuunfaafi finna biyyaa. Finni dhuunfaa, sanyii sadeen jedhama. Isaanis ilmoo/birmaduu, (2) sanyii midhaniifi biqiltuu, (3) beelladaafi mallaqaa. Gaafa akka qabeenya walootti (biyyaatti) lakka'aman ammoo bakka shanitti qoodamu. Isaanis: (1) fiina namaa (human/social capital), (2) finna horii (financial capital)-sanyii/biqilaa/ midhaaniifi maallaqaa (3) finna lafaa/lafee (natural capital) (biyya- maasii, lafa margaa, bosona uumamaafi bishaan (lafaa-hambaa dhaloota), (4) finna durii (folkloric/cultural capital)-qabeenyaa aadaa darbaa dabarsaan dhufe (5) finna baraa (modern capitals) kanneen akka konkolaataa, daakaa midhaanii, tiraaktara, kombaayinaraa, bu'aalee kalaqaafi teeknoolojiifi kkf. hammata. Kunis iccitii yayyaba shaman gadaa kan kessatti mul'atu kan akka diinagdeen biyyaa fooya'u gumaachaa turee fi kan yeroo amma dhiibbaa haalawwaa Addunyaa (globalization)tiin dagatamaafi miidhaamaa jiru ta'uu qorannoon kun ifatti ibsa.

## Seensa

### *Seen Duubee Qorananicha*

Wa'ee Sirna Gadaa gaafa dubbannu waan afur dagatamuu hin danda'an; isaanis Siyaasa, Diinagdee, Hawaasummaafi Amantiidha. (Alezandro 1996; Asmarom, 1973 fi 2000, Alemayehu 2009; Efa 2018; Tadesse 2018 and Gammachuu fi Anessa 2019). Qaroomna Sirna Gadaa keessatti ammoo falaasamni walqixxummaa (the philosophy of egalitarian ethos)fi jireenyi hawwasummaa (communal life) hidhata guddaa (strongly bonded) qabuu. Sonawwan kunnin jiruufi jireenya Uummata yookiin Saba Oromoo keessatti waan jaarraa hedduu qaxxamuranii dhufani (Asmarom 1973fi2000, Alemayehu 2008). Sanaan jabeessee kan tolche ammo sirna hunda galeessafi sirna dimokiraatawaa kan ta'e Sirna Gadaati

PhD, Assistant Professor, Afan Oromo, Literature and Communication, Kotebe University of Education

(Asmarom 1973; 2000; Mahammed 1994, Baharo 1985). Sirni Gadaa dhalooota gareefi gita (hiriyaadhan) gurmeesseet siyaasa, dinagdee (finna), hawaasummaafi amantii keessatti ga'ee qoodeefi hirmaachisaa guddisa (Baharooo 1985, 19).

Wantoota Caffeen yookiin Gumiin Gaayyoo (Gadaa General Assembly) ganama labse keessaa tokko, Oromoon heerri (constitution) isaa tokko akka ta'u, seera ammoo gooroo gooroon (cultural territory)n akka yayyabu/tumatu/ kan jedhu ture (Gemechu 1996 fi Marko 1996). Akkuma jedhamettis, kan raggasifamee hojiira oole yayyabni jalqabaa isuma kana ture. Dhimmi kun iccitii gadifagoo akka qabu ammoo manguddoonni arga dhageettiifi hayyoonni ibsanii jiru. Akka yaada isaanitti, sababni heerr tokko ta'uun barbaachiseef, tokkummaa sabummaafi ilaalchaa eeguf ture. Wanti seera ammoo akka gooroo gooroo (cultural territory) isaanitti akka tumatan taasifameef ammoo haala qilleensaaf mala hawaasidiinagee isaarratti hundaa'eeti haala mijataa uumuufidha (Gemechu 1996 fi Marko 2005). Wantoota heerri mirkaanesse keessaa kanneen ijoon: caasaan bulchiinsa Sirna Gadaa sagal ta'uu akka qabu; Gadaan wagga saddeet saddeetin gulantaa tokkorraa tokkotti cehuu akka qabu; aangoon (bokkuun/baalliin) akka wagga saddeet saddetiin garee gada tokkorra tokkotti darbu; Gadaan marsaa shan akka qabaatu kanneen jedhan muraasa. Kanarraa kan ka'e, wantoonni sadeen armaan olii kunniin bakka maratti osoo hin jijjiraman baroota heedduuf turanii jiru (Gesh 2013).

Gama biraatiin utubaalee Sirna Gadaa afran keessaa tokko Diinagdeedha (UNESCO 2016; Taddasaa 2017 fi 2018). Bakka bu'aan caasaa kanaas miseensota Yaa'ii/Yaa'a Gadaa Dura Teessoowwan Gumii Gaayyoo saglan keessaa tookko nama dhimma diinagdee/finnaa hoogganu kan "Abba Sa'aa" jedhamuudha (Bahaaroo 1985). Haalli qabatamaan qorannoon kun mirkaanesses, kan agarsiisu, yaanni armaan gadii kun amansiisaa ta'uu isaati.

Fakkeenyaaf, Aadaa Oromoo keessatti maddi odeeffannoo inni guddaan afoola. Goorowwan Afoola Oromoo keessaa ammoo tokkoofi kan umurii dheeraa qabu, eebba manguddooti. Ebba maanguddoo keessa inni hangafa ta'e tokko Eebba Faatiiti. Ebba Faatii kana keessattis yaanni yeroo mara irra deddeebiin mul'atan keessaa tokko gaalee "Saglan Yaa'ii Booranaa" jedhuudha Haala caasaa saglan yaa'ii Gadaa kana ammoo akka dhimma kanaan walqabatu, caasaa yaa'ii Gadaa Booranaafi Tuulamaa kan Odaa Nabeetti ture yoo ilaalle, walfakkaata.

Yaada kanaan walqabatee waan Baharoo (1985) barreessee kaa'eefi madda Odeeffannoo namaarra enna qorannoo kanaa argameen wlitti fiduun yoo ka'amu, haala armaan gadiitiin mul'ata. Haaluma kanaan caasaa hojii- raawaachiistuu Gadaa Oromoo akka armaan gadiitti ka'mea:

1. *`ti gaafatamaa dhimma misooma Diinagdee) fa'i.*

(Bahaaroo 1985:22; Bassi 2005)

Hayyoonni Diinagdee hedduun, waa'ee adeemsa sirna diinagdee ennaa ibsan, waa sadii kaa'u. isaanis: qabeenya nam-tolchee (Human-made, or physical, capital (KP)), humna namaa (human capital (KH)) and qabeenya uummamaa (natural capital (KN)) kanneen jedhamaniidha, jedhu (Barbier 2005). Akka hayyoota kanaatti, wantoonni kunniin sadeen wal utubaniitu meshaaleefi tajaajila jiruufi jireenya mijataa (welfare) ilmaan namaatiif barbaachisan oomishu (Barbier 2005,11).

Orom-duriin ammoo dhima kana bara durii irraa kaasee beeka ture. Kan nama dhibu garuu waan Oromoon dur irraa kaasee beekumsa xabboo isaatiin beekumsa isaatiin masakamee tajaajilaamaa ture sayisniin hammayyaa reefu mirkaneeffachuu isaati. Dhimma kana ilaalchisee Hayyoonni (Barbier 2005, 11) fa'i akkan jedhu:

> *Over the past twenty years, a major change has occurred in economic thinking. No longer do we consider the economic process of producing goods and services and generating human welfare to be solely dependent on the accumulation of physical and human capital. An increasing number of economists now accept that there is a third form of ''capital'' or ''economic asset'' that is also crucial to the functioning of the economic system of production, consumption and overall welfare.*

Haalli wayyoomsa diinagdee dabalatee Sirna Gadaatiin bara durii irraa kaassee tolfamee jaarraa hedduu qaxxamuree as gahe kun garuu adeemsa keessa Sirna Feudaalatiin quucaruu eegaleture. Kun ammoo Oromoon mala wayyoomsa diinagdee qonnaa xabboo (Indignous agricultural economic development) isaa keessatti akka milkii qabaatu hedduu gumaachee jira. Gama biraatiin akkataa itti naannoo ofii kunuunsaniifi bineensa naannoo sanaa wajjin jiraatan illee mijeessuu keessatti ga'een Sirni Gadaa qabu salphaa akka hin turre qorannoowwan garaagaraa ni agarsiisu (Abera 2019). Gama biraatiin ammoo Barbier fi miltowwan isaa yoo waan kana ibsan akka armaan gadiitti ka'anii jiru: "This distinct category consists of the natural and environmental resource endowment available to an economy, which is often referred to as natural capital" (Barbier 2005).

Haalli Sirna Gadaatiin bara durii irraa kaassee tolfamee jaarraa hedduu qaxxamuree as gahe kun garuu adeemsa keessa Sirna Feudaalatiin quucaruu eegale. Kun ammoo mala wayyoomsa diinagdee qonnaa xabboo (Indignous agricultural economic development) isaa keessatti akka milkii qabaatu hedduu gumaachee jira. Gama biraatiin akkataa itti naannoo ofii kunuunsaniifi bineensa naannoo sanaa wajjin jiraatan illee mijeessuu keessatti ga'een Sirni Gadaa qabu salphaa akka hin turre qorannoowwan garaagaraa ni agarsiisu (Abera 2019). Yaadrimeen "fiina" jedhu kun ammoo hiikni isaa Kutaa 3.2. jalatti bal'naan ibsamee argama. Gabaabinaan garuu hiikni yaada "finnaa" jedhu kanaa qabeenyya yookiin horata/diinagdee (Asset/capital) kan jedhu bakka bu'a (Gemechu fi Anessa 2019)

### *Hima Rakkoo*

Akkuma hayyotaa garaagaratiin ibsamaa as gahetti Sirni Gadaa utubaawwan (pillars) gurrguddoo afur qaba (UNESCO 2015 fi Taddasaa 2018). Utubaalee kanneen keessaa ammoo tokko sirna dhimma guddina diinagdee ilaaluudha. Akka muuxannoowwan dubbisaa qorataa kanaatti dhimmoota siyaasaafi hawaasummaan walqabatee Sirna Gadaarratti qorannoon hedduun taasifamanii jiru. Yaata'u malee, dhimma diinagdee (finnaa)tiin walqbatee qorannooleen taasifaman bayinaan hin mul'atan. Maddi yookiin ijoo dubbii ka'uumsa qorannoo kanaas handhuurrii haphina qorannoo dhimma hariiroo misoomaafi Sirna Gadaa yoota'u qabxiileen xiyyeeffannoo amoo waa sadii. Tokkoffaa, hariiroon hawaasummaafi diinagdee Oromoo amala addaa kan qbu ta'ee osoo jiruu hanga har'aatti kan hin qoratamin ta'uu isaati. Haala kana keessatti amalli bu'uraa isaa, oosooo Sirni Gadaa isaa Sirna Minilik 2$^{ffaa}$tiin jalaa hin sarbamin dura Orom-duriin qorqalbii "kiyya" jedhuun osoo hin ta'in "keenya" jedhuun jiraata ture. Dhimma kana Tasammaan (2006, 206) yoo ibsu: "Tradition of close family ties, mitual support, communal life strong sense of belonging to one another among the Oromo, as well as their economic viability began to face serious stress and strains following Minlik's conquest and the increased centralization" jedha. Haalli Orom-durii bira

ture kun adeemsa keessaa dambalii haala siyaasaa yerootiin golgamee dagatamuu isaatiin, wanti haala guddina diinagdee yeroo ammaa bifa haara'an gurma'aa jiru kanaaf bu'ura ta'uu danda'u osoo jiruu qoratamuu dabuunfi haala yerootti madaqfamuu dhiisuun isaa qaawwa tokko.

Lammaffaan dhibba sirnaan irra gaherraa kan ka'e, dhamaatiin sirna Fiiwudaalaatti of madaqsuuf taasifamaa tureen hariiroon sirna Gadaafi diinagdee dagatamuu isaati. Haalli kun sirna gadaa kan sirna jiddugaleessummaa xiyyeeffateen bakka buuse qofa osoo hin ta'in, falaasama jiruufi jireenya isaa, sirna mal-soneessaa finna isaa (Economic value[ing] system) balleessurraa kaasee hanga qabiyyee isaa irraa saamutti kan deeme ture (Tasammaa 2006). Kun ammoo gumaacha Sirni Gadaa finna guddina yookiin misooma dinagdee (economic development) keessatti qabu kan dagachisee ture waan ta'eef kanas ilaaluun barbaachisaa ta'eera.

Inni sadaffaan, haaromsa Sirna Gadaa yeroo ammaa jiruun walqabatee dhimmi finna (misooma) diinagdeetiin waalqabate dagatamuu isaati. Kana jechuunis carraa seenaan yeroo har'aa kanatti uume keessatti Sirni Gadaa ol bahee mul'achuun yoo jiraatellee, hariiroo Sirni Gadaafi finni qaban xiyyeeffannoon argate laafaa ta'uu isaati. Kunis, mala Sirni Gadaa finna (misooma diinagdee) ittiin hoogganu dagatamuu isaati. Sun ammoo shira siyaasaa murna bicuu (xiqqaa) (minority politics)tiin waan sillikfameef, mala guddisa diinagdee hawaasa Oromoo miidhaa dhufe. Yaata'u malee garuu sababa bu'uurri diinagdee isaa qabiyyee lafaafi qaroomina sammuu namaarratti hundaa'eef wantoonni dimimisanii mumul'atan ni jiru. Kana ta'uu baannan garuu sonni Gadaa diinagdeen sun diinagdee sadarkaa duraa (primary economic activities) irratti kan xiyyeffate, keessumaa waa'ee lafaan walqabate waan ta'eef, balaa guddaa qaba. Wantoonni kunniin ammoo leellifama (promotion) Sirna Gadaa kanaan walqabatee yoo bifa haara'an madaqfaman akka bu'aa qabaachuu danda'an agarsiiftuwwan tooko tokko ni jiru.

Walumaa galatti sakattaa qorannoo dursee taasifameen, hanga yonaatti hariiroo Sirna Gadaafi siyaasaa akkasumas Sirna Gadaafi hawwasummarratti qorannoo danuun yoo jiraatan illee, gama diinagdeetiin qorannoon geggeefame haphiifi laafaa ta'uun akka madda ijoo ka'uumsa qorannoo kanaatti qabatameera.

***Kaayyolee Qorannoichaa***

Kayyoon gooroo qorannoo kanaa inni ijoon, haariiroo Sirna Gadaafi finnaa (malsoneessa wayyoomsa yookiin guddina/misooma diinagdee) agarsiisuudha.

***Kaayyolee Gooree***

- Hariiroowwan utubaalee Sirna Gadaa afran (fakkiidhaan/taattoodhaaan) agarsiisuu
- Walittiidhufeenya gulantaalee gadaa (Geda grades)fi falaasama malso-neessa finnaa jidduu jiru agarsiisuu
- Walittiidhufeenya gulantaalee Sirna gadaa, gahee hojii/hawaasummaafi finnaa (horannaa qabeenyaa) gidduu jiru sakatta'uun agarsisssu.

**Hiika Jechootaa Bu’uraa Haala Galuumsa Isaanitiin**

Kutaa kana keessatti jechoonni qorannoo kana kessatti murteessoo yookiin ijoo ta’an haal galuumsa isaaniifi kaayyoo qorannoo kanaatiin walqabatee kan ibsuudha. Isaaniisi maalummaa yookiin yaadrimeerraa ka’uudhaanis faayidaan haalawaa isaanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

***Gadaafi Sirna Gadaa***

*Maalummaa Gadaa*

Gadaa:- Hiikni kallattii isaa yoo ilaalamu hawaasa biratti hiikka yeroo, bara, haalafi sirna dabrsaa beekumsa xabboo jedhu qaba. Fakkeenyota armaan gadii ilaaluun galuumsa isaanitiin maal akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

A. *Yeroo (bara):* Akka yaada kanaatti Gadaan bara agarsiisa. Fakkeenyaaf, gadaan gadaa misoomaati (yeroon/barri kan misoomaati).

B. *Haala:* Hawaasa keenya biratti "Gadaan" hala qilleensaa, nageenyaa, baraafi kkf. agarsiisuu ni danda'a. Fakkeenya: Gadaan roobaa nagaaya yoo jedhe, haala agarsiisa.

C. *Ennaa/Yeroo/ cehuumsa sadarkaa:* Jechi Gadaa jedhu gama biraatiin ennaa yookiin yeroo marsaa ceehuumsa sadarkaa (rites of passage) yookiin ennaa Sirna wal harkaa-fuudhinsa aangoo yookiin baallii jedhu of keessaa qaba. Fakkeenyaaf, "Baranni gadaa belbaati." yoo jedhe, belba/melbatu baallii fudhata jechuudha (jilatu jira jechuudha) .

D. ***Sirna dabrsa beekumsa xabboo Oromoo:-*** Gadaan sirna oomishaafi dabarsa beekumsa xabboo Oromoo("Gadaa: The Indigenous Knowledge System of Oromoo," ti jedhamee beekama (Tasammaa, 2017). Akka ibsa hayyuu kanaatti, hawaasi bal'aas ta'e abbaan qee'ee (indigenous peoples/the owner of the territory) hawaasummaa cimaa, diinagdeefi siyaasaa kan bu'uura nageenyaa, safuudhaanfi amanamtummaadhan walitti hidhamefi beekumsa jabaataadhaan masakame qaba, jedhu. ("… have strong, orderly, and cohesive social, economic and political systems rooted in their knowledge of the universe in general and their local areas in particular.")

Akka waliigalaatti jechi "Gadaa" jedhu kun yaad-rimee bal'aa jijjirama haara'a labsu, sirna beekumsaa kan yeroo, haalaafi iddoo kamiiyyuu keessatt hojjechuu danda'udha jechuun ni dandaa'ama. Kan jechuunis Gadaan sirna beekumsaa kan muuxxannoo, dandeettiifi yaaliiwwan yeroo dheeraa keessaa bilchaatee/guddatee amanamaa/amansiisaa ta'uun isaa mirkana'eedha jedhu.

## *Maalummaa Sirna Gadaa*

Sirni Gadaa yoomessa garaagaraa saboota kanneen akka Oromoo Sidaamaa, Geedi'oofi kkf. biratti bakka guddaa qaba. Akkuma haalli inni keessatti tajaajila kennu bal'achaa deemu, hiikni isaaf kennamus heddummataa deema. Kanarraa kan ka'e, Sirna Gadaatiif hiika tokko kennuun nama rakkisa. Kanarraa kan kan ka'e, hayyoonni haala kaayyoo isaanitiin wal qabsiisanii hiiku. Fakkeenyota armaan gadii haa ilaallu:

1. Mahaammad (1994)fi Taabor (2006) Yaad-rimeen sirna Gaddaa jedhu kun bal'aa waan ta'eef, jecha murtaa'adhan ka'uun akka rakkisaa ta'e ibsu.
2. Tasammaa (2017) Sirna Gadaa gabaabsanii yoo ibsan "Gadaa" kan jedhun bakka kan bu'u ta'uufi Gadaan yaadrimee bal'aafi falaasama qaroomina ol'aanadhaan aangi'ame kan sirna jiruufi jireenya Oromoo hunda to'atuudha, jedhu.
3. Taddasaa Barsisoo (2018, 1) Sirna Gadaatiif hiika yoo kennan, "Gadaan sirna bulchiinsa diimokiraatawaa Oromoo ganamaa, kan uummatichi muuxannoo hawaasawaa jaarraa hedduuf horatame irratti hunda'udhaan tolche yookin kalaqeedha. Sirni kun Sochiilee <u>*Bulchiinsa/Siyaasaa, diinagdee, Hawaasummaafi amantaa*</u> uummatichaa kan too'atu, safuu kabachiisuuf, tokkumaa hawaasaa ijaaruuf, akkasumas aadaalee hawaasaa

mul'isuuf gargaara." jedhu. UNESCOnis ennaa akka hambaa kilayyaa Addunyaa (World entangable heritage)tti galma'us hiikuma kana faana lafa kaa'a (UNESCO 2016).

Kanaaf Sirni Gadaan beekumsa/falaasama jiruufi jireenyaa kan hawaasummaa, diinagdee, siyaasafi amantii Oromoofi kanneen sirnichan bulanii, too'atuuf, muuxannoo, dandeettiifi yaalii bara deeraa keessa dabree gabbatee hojiirra ooleeledha, jechuun ni dandaa'ama.

***Maalummaa Finnaa (The Notion of Finna/ Asset/Capital)***

Oromoo Tuulamaa, Maccaafi Gujii (Kontomaafi Daarimuu) biratti "finni"/ "fidni" jecha fiduu jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaa ammoo tokkorraa tokkotti yookiin ammoo dhalootarraa dhalootatti dabarsuu yookiin ceesisuu jedhu qaba (Gemechu M fi Annisaa, 2019).

Akka alamaayyo Diroo (2004)tti ammoo finni, Oromoo Tuulamaa biratti sanyii yookiin qabeenya amala marguu yookin dhaluu/horuu yookiin ammoo baay'achuu, of bakka buusaa deemuu danda'u qabu (intrinsic reproductive capacity contained in the capital) ta'uu mirkaanessa.

Tasammaa (2017) ammoo yaadrimee finna yoo ibsan, "…the concept of development known as (*finna*)." jedhu. Kana jechuun "finna" = "misooma" jechuu akka ta'e ibsa.

Jecha kana gara yaadrimee misooma hammayyaatti yoo finnu, "Finna" jechuun qabeenya daabbataa,(horii, lafa, sanyiimanaa qabnu fi/yookiin maallaqa) mana baankii jiru kan horee/dhalee, bay'inni isaa dabalaa deemu jechuun ni danda'ama.

Dimma kana Gemechu fi Annisaa (2019) finna yoo cimsan: , "… can be seen hence as equating to the modern notion of 'reproductive capital', jedhu. Akka Gemechu Magarsaa muuxannoo qorannoo isaanii bara 1987 hayyuu Argaa-dhageettii Booranaa Dabasaa Guyyoo eerudhaan addeessanitti jechi Afaan Siwaahiliin '*meandeleo'* Afaan Amaaraatiin ammo '*Limmaat'* jedhu, Afaan Oromootiin ammoo "finna" kan jedhuun aka bakka buu'uu danda'u addeessannii jiru (Gemechu fi Anessa 2019, 265). Kanaaf, jechi finna jedhu akka galuumsa isaatti guddina yookiin misooma diinagdee yookiin horataa yookiin qabeenyaa dhalootarraa dhalootatti darbe jedhu bakka bu'uu danda'a jechuudha.

**Malleen Qorannoo**

***Dhiyaannaa, gosaafi malleenfi Meeshalee funaansa Ragaalee Qorannichaa***

Orannoon kun amala dhiyyaannaa (approach) isaatiin qorannoo ibsaa yoo ta'u, akka waliigalaatti ammoo qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataa (qualitative research)ti. Kanarraa kan ka'e, qorataan malleen armaan gadiitti dhimmi baheera. Malleen funaansa ragaa ilaalichisee, meeshalee akka af-gaafii, marii gareefi sakattaa galmeewwaniiti gargaramera. Af-gaafiin manguddoota hooggaansa Sirna Gadaafi caffeerratti tajaajilaa turaniifi muuxannoo bara dheeraa qaban kanneen yeroo ammaa sadarkaa yubaarra jiran akka madda odeeffannoo ijootti (key informants) namoota 8 (saddeet) waliin gaafiifi deebiin taasifameera. Mriin garee ammoo walumaa galatti namoota 15 garee sadiitti qoodudhaan wajjin taasifamee jira. Dhimma af gafiin walqabatee, haalli facaatii odiif-kennitootaa sikkoofi mandoorra yuboota 2, Maccaa irraa 2, Gujiirraa 2,Boorana irraa 1fi Afran Qalloo Ittufi Anniyyaa irraa ammoo yuba 1 turan. Mariin garee ammoo tuutota godinoota addaa addaa

sadi: Shawaa Kaabaa, Shawaa Lixaafi Godina Addaa Naannaawa finfinnee keessaa filataman walduraa duuban kanneen miseensota 5, 4 fi 6 of keessa qaban waliin taasifamee jira.

Sakattaan galmee keessatti ammoo addadureedhaan kan xiyyeeffannoon sakata’ame sanada fuula 76 qabu kan Yuneskorratti Sirni Gadaa akka hambaa Kiliyaa (World intangible heritage)iit galmessisuuf ophaa’ee Addunyaaf dhiyaate tokko xiyyeeffannoo guddaan sakatta’ameera. Dabalataanis kitaabota kanaan dura barreeffaman sakata’amanii jiru akka fayidaa qabeessummaa isaaniitti akka madda odeeffanootti tajaajilanii jiru. Meeshaaleen funaansaa ragaaleef oolan ammoo warabduu sagaleefi yaadannoo barreeffamaati.

Malli qaaccessa ragaalee ammoo gaafileen Afaan Oromootin waan gaafatamaniif, deebiwwan argamanis afaanuma kanaan cuunfamanii qacceffaman. Sakattan barreeffamaa ammoo kaan isaanii gara afaan Oromootti kan hiikkaman yoota’u, kanneen jechi isaanii faayidaa- qabeessa ta’an ammoo dhama isaanii eegudhaaf afaanuma ittin barreefamaniin akkuma jiranitti kaa’amanii jiru. Odeeffannoowwan karaa addaa addaa walitti qabaman kunniin ammoo akka odeeffannoon bal’aan barreeffama qabaabadhaan darbuu danda’anitti gabaabbatanii mala ibsaatiin qaacceffamanii jiru. Sababni isaa ammoo yaadotiin maanguddoota irraa dhiyaatan babal’aa waan turaniifi baay’inni maxxansa joornaliif heyyamamu murta’aadha waan ta’eef, qorataan yaada odeeffanoowwan madda garaagaraarraa argaman, kanneen walitti cuunfee dhiyeessuuf dirqameera. Kanarraa kan ka’e sagaleen qoratamtootaa qorannoo kana keessaa haala bali’inaa isaafi mul’achuu maluun akk hin mul’atin hubachuun barbaachisaadha.


**Moodela Qorannichaa**

Sirni bulchiinsaa biyya tokkoo kan inni cimaa ta’uu danda’u cimina siyaasaa qofaan mit. Dhimma kanaan walqabsiisee hayyuun siyaasaafi falmaan mirga namoomaa Biyya Hindii kan ta’e Mahitama Gaandiin, diinagdeen qaama hawaasaa bal’aa (big-mass) fayyadu jiraachuun isaa fayyummaafi nageenya biyyaatiif wabii murteessaa ta’uu ibsa ture. (Sinchs fi miltoowwan 2017). Akka hayyuun Sushila, jedhamu, Mahitama Gaandii eerudhaan ibsetti ammoo, misoomni itti fufinsa qabu dhugoomuu kan danda’u, yoo humni guddaan baadiyyaa jiraatuu, jireenya mijataafi haqummaa qabu jiraachuu danda’e, jedha (Sushila 1979).

Akka Gaur fi Miltowan isaa (2009) jedhanittii ammoo milkaa’innifi galma ga’iinsi guddinna haqa-qabeessii daagaa-hora waloo (mitual prosperity) fi gammachuu qabu wantoota afran kanneen guutuu qaba; isaanis: foyya’insa jireenya (economic wellbeing) nama dhuunfaa (of individuals), maatii (family), hawaasaa (society)fi ummama (nature) dhugoomsuudha, jedhu. Bu’aawwan idaa’ama qabxiiwwan afran armaan oliitiin tartiiba isaanii eeganii galmeeffaman kunnin waliigalatti hiikkaa finna (development) jedhu sana bakka bu’a jechuudha.romootti ammoo dhimmi kun maal akka fakkaatu Gammachuu fi Anneesaan (2019) sadargaalee misoomni keessa darbuufi itti jaatamu yoo ibsan, sanyii irraa kaasanii gulantaa saddeet keessa akka darbuufi saglaffaattii kan jaatamu/gadamoojjii (expire) ta’uu agarsiisu.

Iccitii ijoon Oromo-duriin wayyoomsa diinagdee itti dhugoomsu ammoo maal akka fakkaatu Moodela Diinagdee qabsa’aa mirga namoomaafi Mooti Biyya Hindii Maahitama Gaandiin dhimma kanafi akkataa dhufatii guddina diinagdee sadarkaa garaagaraa keessatt dhufan Kan hayyootat xin-madda Hawaasaa (Gammacuu M., fi Annissaa 2019) dhiyaate kanneen walbira

qabuudhaan yoo ilaalame hubachuun nama hin rakkisu. Sanaaf, sadarkaalee marsaan guddinaa diinagdee xabboo (Indegnous economic development system) armaan gaditti ilaaluun murteessadha.





**Qaaccessaafi Hiika Odeeffannoo**

Kutaan kun birkii yookiin boqonnaa argannoowwan qorannoo kanaa keessatti qaacceffamaniiru. Kutaan jalqaba isaa utubaalee Sirna Gadaafi hariiroo sirnaawaa garlamii (Binary functionality) isaanii ibsuurratti xiyyeeffata. Kutaa lammaffaa irratti ammoo hariiroo gulantaalee Sirna Gadaafi finnaati. Kutaa sadaffaan ammoo hariiroo gulantaaleen Sirna Gadaa, ga'een hojiifi mala horannaa/qabannaa/ qabeenyaa kan agarsiisuudha.Qaacessa kana keessatti yaadni odiifkennitootarraa argame, baay'ee bal'aadha. Yaata'u malee hunda isaa seera qaaccessa gadifagoo eeganii dhiyeessuuf rakkisaa waan ta'eef bifa odeeffannoo dimshaashaafi bal'aa dabarsuu danda'uun cuunfamanii dhiyaatanii jiru.

**Utubaalee Sirna Gadaafi Hariiroo Garlamii**

Akka hayyoonni diinagdee xabboo (indigenous economists) Gaandii eerudhaan ibsanitti, finni yookiin misoomni fayyaalessa ta'e guddina biyya tokkootiif, haqummaa, jaalala biyyaa, miira tasgabbiifi wal jaalala sabaafi sablammii akkasumas nageenya fiduuf barbaachisaa akka ta'e ni addeessu. Akka bu'aan qorannoo kanaa ibsuttis, haalli mijataan dhimma kana hojiidhaan mirkaanessuu danda'u Sirna Gadaa akka ta'e haalaafi amala isaarraa hubachuun ni dandaa'ama. Akka Asmaroom (1973fi 2000); Alamaayoo, 1999fi 2009), Muhammad (1994) fi Taddasaa 2018) ibsanitti, Sirni Gadaa hunda wal-qixxummaadhan beeka.




Akkuma fakkii/taattoo armaan oliirraa mul'atu, Heerri fi Sirni Gadaa utubaalee gurguddaa afur qaba. Achi keessaa ammoo tokko diinagdee yookiin finna. Sirni utubaalee kanneeniis, keessa keessaan hidhata waliinii waan qabaniif waltumsaa, wal too'ataa waljabeessaa hojjetu. Diinagdeen haqa qabeessifi cubbuurraa walaba ta'e akka horatamuufis sirni bulchiisaafi siyaasaa madaala haqummaafi ol'aantummaa seeraa eegudhaan, hawaasummaan ammoo sona waliif yaaduu waloon hojjechuu, wal oolchuu walgargaaruufi qabeenya walii waliif eegudhaan miira tokkumaaf jaalalaa uumuu, amantiin ammoo akka haqa namaa hin barbaanne gochuudhaan fayyummaa adeemsa horata qabeenyaa/finnaa qoraa qajeelchaa deemu.

Akka odifkennitoonni ibsanittis, biyya haqummaa (equity)n jiru keessa safuu, aadaa, barmaata, wal amantaafi nageenya akka qabu hayyoonni kunniin ni dubbatu. Akka (Madhumathi 2011) jedhutti namni Abbaa Lammii biyya isaa (father of the nation) jedhamee beekkamu Mahitama Gaandiin, diinagdeen haqa qabeessa hintaaneefi faayidaa hawaasa bal'aa hin mirkaanessiine balaa nageenya biyya tokkoo akka ta'eefi finnii (misoomni diinagdee) humna misooma qonnaafi jiruuf jireenya baadiyyaa (hawaasa bal'aa) hirmaachiseefi haqummaarratti hunda'e mijeeffammuu akka qabu mirkaanessa. Kunis haala kanaa gadiitiin ni mul'ta.

Akka argannoo qorannoo kanaatti sonnii (values) waliigalaa Sirni Gadaa, keessa jiru prinsiploota moodela Gaandii keessa jiruun wal fakkaata. Caalmattii ammoo akkataan utubaaleen heera/sirna Gadaa sirnaan walittii dhufanii qabatamaan haqummaa itti mirkaannessan baay'ee dinqisiisaadha. Kanaaf ammoo afrii(afriiwwan) caasaalee heera fi sirna Gadaa kuniiniin akka sirna bulchiinsaafi siyyasaa, misooma diinagdee hawaasummaafi amantii waliin ta'uudhaan haqummaa (dhugaa) giddugaleeffatanii garlamiidhaan haala too'atan ni mul'ata.

### Safuufi finna

“Biiyya tokko keessatti haqummaa mirkaanessuun kan danda’u eegumsa osoo hin taane safuun jiraachuu isaati” jedhu odiifkennitoonni Shawaa Kaabaa. “Osoo akka rakkiinnii uummatatti hammaateen safuun hin jiru ta’e, namni dur wal balleessa ture. Garuu Oromoon kan waan kolfaa ta’’uu irraa hafte qooda Gadaan seera tolcheefi.” (Yuba Gadaa Naannoo Finfinnee). Sirni Gadaa ammo waan kana bu’uuressuu isaa qorannoon mirkana’ee jira (Eshete 2008; Efa 2018). Aadaa Oromoo keessattis fifinni (qabeenyi) akka barbaachisu ni amanama. Akka Abbaan Caffee Gadaa Tuulamaa jedhutti ulaagalee namni Abbaa Gadaa iittiin ta’u keessaa tokko qabeenya horachuu dha. Sababni isaa ammoo qabeenyi nama jiruu karaa fe’es yoo ta’e nama dhukkubsate akkasumas,:, fira, gosa, ollaafi rakkataa namattii dhiyoo jiru ni dhaqqaba waan ta’eefidha. Qabeenyi horatamu sun garuu qulqulluu yookiin kan abbaa horee ta’uu qaba.

Kanarraa kan ka’e namni dogoggoree akka fedhii qabeenyatiin hin gowomsamneefi dogooggora hin hojjenne akka eegumsi waaqaa isa bituuf eebba faatii keessatti akkaataa armaan gadiitiin eebbifama:

..

*Waaqni soree nu haa roobu*
*Roobee sorarraa nu yaa hambisu*
*Dabbasoo [marga]nu haa magarsu*
*Dabasoon sa’a haa danda’u*
*Saani kan abbaa horee haata’u!*
....

Eebba armaan olii keessatti saani mallattummaan isaa qabeenya. Fakkeenyaaf, koree hoji raawwachiiftuu (saglii) Yaa’ii Gadaa yookiin Gumii Gaayyoo keessatti namni dhimma qabeenyaa yookiin misoomaa (diinagdee) too’atu yookiin itti gaafatamummaa qabu “abbaa sa’aa” jedhama. “Sora irraa nu yaa hambisu”balaa bokka’aa kan loon fixu, kan qabeenya biraa balleesu akka namoota dirree eebbaa sanarra akka darbu yookin akka itti hin dhufne eebbichaan qobachuu dhaafi. “Qabeenyi kan abbaa horee haata’u” jechuun ammoo hannifi saamichi hin jiraatin jechuudha. Namni kana bira darbee qabeenya namaa hate beexa yookiin cubbuu seene jechuudha.

Gama biraatiin Sirna Gadaa keessatti waan hundi “safuu qaba; qobannaa qaba;dachaafata qaba” jedhu, maanguddoonni (odiif-kinnitoonni). Qobannaa sanas kan to’atu sirnuma gadaa kana ta’uu ammoo hayyoonni ni dubbatau. Dhimma kana ilaalchisee Dahl (1996) yoo ibsu akkan jedha: “At all level in its totality the Gada System expresses… idea of sacredness…” (Dahl 1996:169).

## Akaakuwwan Finnaa (Types of Capitals/ Assets)

Akka argannoo qorannoo kanaatti, akaakuwwan finnaa bakka lamatti qoodamu. Isaanis finna dhuunfa yookiin maatiifi finna biyaati. Bal’ina isaanii haala armaan gadii keessatti ibsamanii jiru.

## Finna Dhuunfaa/Maatiitti (‘*Finna’* As Private/FamilyAsset)

Akka qabeenya dhuunfaatti/maatitti yookiin ammoo sadarkaa murna hawaasummaa xiqqaatti yoo fudhatamu finni sanyii sadeen jedhama. Kanaaf eebba Oromoo keessatti akkanaan

eebbifama: ***“Sanyi sadeen sitti (isinitti)yaa tolu***” Yookiin “***Sanyi sadeen horaa”***jedhee eebbisa.

Akka qorannoo kanaatti sanyi sadeen kan jedhaman ilmoo, ilmoo/birmaduu, snyii midhaaniifi biqiltuufi beelladaafi maallaqa fa’i.

1. Ilmoo/birmaduu: Ergaan eebba armaan olii kun, “dhala argadhaa/qabaadha jechuudha. Dhalaa qe’eefi qabeenyaa horadhu jechuudha. Dhalli kan hawwamuuf. Waa lamaafi. Tokkoffaa, akka fuldurri namaa hin doomneefi akka qe’een hin baneefidha. Inni lammaffaan ammoo akka gaafa dullooman xooriin hin dhabaneefidha. Kanas Oromoon tuulamaa yoo gerrarsaan alalaasu akkan jedha:

   *Beelli hamaan Fuulu baana dhufaa*
   *Gimboota (garbuu balgii)tu ga’aafi malee*
   *Roorroo hamaan gaafa dullooman dhufaa*
   <u>*Ilmatu*</u> *gahaafi malee…*

   “Ginboota” kan jedhaamu gosa midhaan garbuu kan samareeta jedhamu gosa garbuu ji’a Caamsaa qotamee birra jalqaba fulu baanaa gahuudha. Garbuun sun enna namni midhaan manaa fixate of dadhabetti dhaqqabdi. Ilmoonis bara namni umuriifi humni namaa dhumtee gargaarsa barbaachisutti roorrifamuuf jiraniitti nama yoo dhaqqabde malee sarageetu qee’etti nama dhaana jechuudha.
2. Gosoota midhaani gumbiitti dilbessaan, kuduraafi fudura facaafataniifi/yookin dhaabanii magarfatan: Gosoota sanyii sadeen keessaa kan lammeessoo midhaan, kuduraafi fudura fi biqiltuudha. Akka maanguddoonni marii keessatti ibsanitti, namni midhaan qabu ofi qofa osoo hin taane nama biraatifis ta’a. Nama beel’eef mooqa/buulqa du’aatu achii argama, deessudhaaf sillqni achii argama. Nama du’eef midhaan boosomaa achii argama; namni hiyyeessa qee’ee ofii rakkoo baasu ammoo nama carraa qabeessa jedhamee beekkama.
3. Beeladdaafi/yookiin Maallaqa (horii manaafi qarshii)**:** Icciitiin kun, kabajniifi arjummaan eebba qabaachuun walqabata. Namni horii qabu kabaja yookiin “noorii” qaba. Fayyaa qaba. faaya (bareedina) qaba; qananii qaba. Kanaaf, geerartuun “Imaaf loontu as noorii qabaa; Ilmaaf loontu qe’ee miidhaksaa; ilmaaf loontu qe’ee abbaa tlchaa…” jechuun alalaasa yookiin geerrara.

Akka waliigalaatti qabeenyi sanyii sadeen jedhamani beekaman kunniin finna haqaa yookiin eebbaa Rabbiiti jedhamee beekama. Akkuma falaasama Gaandii sana, finnii haqumaarratti hundaa’e guddina fayyaalessa ta’e uuma jedhe sana, Oromoo barattiis, finnii haqa qabeessa ta’e mirkanaa’uu kan danda’u miira haqaafi safuutiin yoo angi’ame. Kun kana ta’ee osoo jiruu garuu fiinni cubbuun hin horatamtu, wanti qormaataan dhufe qormaanni irra hin fagaatu, falaasama jedhutu jira. Kanaaf of eeggannoo barbaada. Akka ilaalchaafi safuu Oromootti, horiin cubbuu harka namaa hin bultu; ni faffacaati malee. Dhimma kana fakkeenyaan manguddoonni yoo ibsan, mammaaksa keessatti “maa faffacaati, akka horii cubbuu.” jedhama. Kana jechuun horiin cubbuu akka waa mara keessatti barakaa hin qabne agarsiisa. Gama biraatiin, qabeenyi “Sanii Sadeen” jedhanee eebba keessatti baanamu kun (referred as) ija saayinsii hammayyaatiin gaafa ilaalamu, itti-gala yookiin walitti dhufeenya qabaachuu isaatu mul’ata. Akkuma kutaa armaan olii keessatti hubatame, eebba Oromoo

keessatti eebbaf faatii yookiin marabbaa keessatti "sanyi sadeen" waan jedhaman akka qabeenya dhuunfaatti ilaalamu.

**Finnaa Akka Qabeenya Biyyaa ('Finna" as National Capital or Asset)**

Fnni sadarkaa maatitti waan sadii jalatti ilaalamu sadarkaa hawaasummaa bal'aafi biyyatti ammoo bakka shanitti qoodamu. (Gammachuufi fi Anissaa, 2019). Ragaan odiif-kinnitootarra argames kanuma mirkaanessa. Argannoowwan qamota garaagaraa irraa argman kunniin haala armaan gadiitin ibsamu.

1. Fiina Namaa (Human/Social Capital)

   Akka Orom-duriitti finna namaa inni jedhamu namoota uumamanii lafa jiran yoo ta'u, enna tarreeffamu ammoo dhala birmaduu (ijoollee), firoottan foonii, gosa, ollaafi tajaajiltoota humnaan qacaramanii nama bira hoojjetan, qacaramtoota dhaabbilee addaa addaa keessatti qacaramanii hojjetan, human nageenyaafi kkf. mara dabbalata
2. Finna Horii (Economic Capital)
   Finna horii kanneen jedhaman qabeenya gosa sadiitti qoodamu. Isaanis:
   A. Beeladda: loonii, saawwa, hoolaa, re'ee, faradoo, goongota, harroota, gaalawwan, lukkuulee (hindaanqota)fi lubbuqabeeyyii madaqfaman kanneen akka adurreefi sareellee ni dabalata
   B. Midhaanii: Sanyii midhaanii garaa garaa.
   C. Maallaqa karaa addaa addaa argaman: fakkeenyaaf: beeladdaa, midhaan, kuduraafi fudura akkasumas kanfaltii gatii humnaafi oolmaa garaagaraatiin argaman, bu'aa daldalaafi kkf.
3. Finna Lafaa (Natural Capital)
   Orom duriif laft-lafeedha jedha.Kanaafi Oromoon "Biyyaa Abbaa kootii" kan jedhuuf. "Dubbiin lafaa, dubbii lafeeti." Kan jedhuuf. Lafeen ammoo qabeenya sanyiidhaa sanyiitti dabruudha. Bu'aawwan lafarraa argam ammoo finna lafaa (natural capital) jedhamuun beekkamu. Isaanis:
   A. Qabiyyee lafaa (Lafa hambaa dhalootaa) (Land being owned):- Qabeenya lafaa sanyiirraa sanyiitti dhaalan dabaru kun ammoo nama harka jiru sanaaf qabiyyee jedhama. Sadarkaa ol'aanaa irraa kaasee hanga gadi aanaattii yoo ilaalamu, daangaa biyyaa, bulchiinsa naannoo, konyaa, aanaa ganda fa'i hammata, Sadarkaa nama dhuunfaatti ammoo qee'ee, (araddaa), maasii, lafa margaa, lafa ja'lisiifi kkf. ilaallata.
   B. Biqiltuuwwan harka namaatiin dhabbatan: kanneen akka bunaa, jimaa, baargamoo, burtukaana, loomii, mango, paappayaa, shonkoora, zayituuna, maamgoo, abokaadoofi kkf as keessatti ramadamamu. Dabalataanis mimmixa, mi'eessituwwan garaagaraa kanneen tarreessanii fixuum nama rakkisan hedduun finna lafaa jedhamanii beekkamu.
   C. Bosona uumamaafi bishaan (Lafti Lafee) lafafi dhaloota.
   D. Albuudota lafa keessa jiran hunda ilaaluun ni danda'ama.

   Finni lafaa kunniin waliigalatti qabiyyee jedhamee beekama. Akka ilaalcha Oromootti laft hambaa dhalootaati. Oromoo birattii qabiyyee lafaarratti qoosaan hin jiru. Dhimma lafaa irratti wanti booredhaan ka'uufis kanaafi. Dhimma kana ilaalchisee Tasmmaan yoo ibsu: "Land was central to the life of the Oromo cultivators and pastoralists. Land which was transmitted through generation by the Oromo as the collective property of the society at large was lost.... Land alienation and confiscation

forced most of the Oromo into tenancy and dramatically reduced their slandered of living." jedha (Tasema, 1996:207). Qabiyyee lafa kan mamaa yoota'e, faayidaawwan kanneen achirraa argaman ammoo kanuma abbaa sanaa ta'u.

4. Finna Durii (Folkloric/cultural Capital): finna durii kanneen jedhaman kunniin qabeenya aadaa bakka lamatti qooddamu. Isaanis: meesha-aadaa (material cultural Properties) fi ayya-aadaa ((spiritual cultural properities) jedhamanii beekkaman of keessaa qaba. Meeshaalee aadaa kanneen jedhaman, meeshaalee ulfoo kanneen akka kallacha, caaccuu, ororoo, lichoo yookiin alangee, eeboo, gaachana, kolbaa faayalee garaagaraafi meeshalee tajaajila garaagaraatiif oolan, kanneen daalan yookiin ammoo darbaa dabarsaadhan garanatti dhufan kanneen biroo dabalata.

   Gama biraatiin finni durii meeshaalee tajaajila addaa addaatiif olan , meeshaalee qonnaa, kanneen akka wanjoo, gindii, qorbii, qottoo, haamtuu, qunnaa sanyii, gundoo booree (dhandhamaa)fi meeshaalee mana keessaa kanneen biro dabalata. Gama biraatiin meeshaalee diina ittiin ofirraa qolatan kannen akka eeboo, gaachana, qawwee, ulee, meencaafi wantoota wal fakkatan ni dabalata. Dabalataanis, meeshaaleen tajaajila hawaasummaatiif oolan kanneen aadaa darbaa dabarsaan dhufen akka finna durii jalatti ramadamu.

5. Finna Baraa (Temporal factors - productivity of the prevailing times).

Finna baraa kanneen jedhaman qabeenya har'a horachaa jirru kanneen akka mallaqa mana baankii kawwannee, manneen har'a ijaarrannee jirru, komnkolaataa, tiraaktara qonnaa faayawan fi meeshlee dhuunfaafi kanneen kana fafakkatan-kan gabaarraa wajaman (bitamanii) dabalataan qabeenya keenyatti makaman akka finna baraatti fudhatamu.

**Mala-soneessa Finna Sirna Gadaa Keessatti**

Yaadrimeen malsoneesa diinagdee jedhu kun qorannoo kana keesatti yaadrimee (the system of values or moral codes of economic development in the Gada System) jedhu qaba. Akkuma qorattoonnii diinagdee xabboo (indginous economists), falma Mirga Namoomaa Biyya Hindii, Maahitma Gaandii eerudhaan ibsanittis, qabeenyi fayyaalessi kan horatamu, yoo haqummaafi wal-jaalalli hawaasa bal'aa keessa jiraatteedha, jedhu. Haqummaafi jaalalli kan jiraaatu ammoo sirni faayidaa hawaasaa bal'aa mirkaanessu yoo jiraate ta'uus hayyoonni kunniin ni dubbatu.

Akka bu'aa qorannoo kanattis, yadrimeen kun adeemsa Sirna Gadaa keessatti horanni finnaa falaasama sirnaawadhaan kan qabu ta'uu haalota hedduurraa hubachuun ni dandaa'ama. Kun ammoo kan ta'e Sirni Gadaa sirna haqummaa, dimookratawaafi kan wal qixxummaa namummaa (egalitarian ethos)tti amanu waan ta'eefi (Asmarom, 1973; 2000). Sirni Gadaa ammoo haqummaa mirkaanessuuf, falaasama "namni umuriidhaan kan walcaalu yaata'u malee, lubuun isaa waluma qixa" jedhu qaba. Yaada kana keessa icciitiwwan gurguddoo hedduutu jira. Tokkoffaa lubbuun Rabbi biraa walqixa taatee uummamte lafarrattis walqaxa taatee ilaalamuu akka qabdu akeeka. Lammaffaa, namni umuriidhaan seera hangafaafi quxusuutiin dhalateen sadarkaan guddinaa, ga'een hojii itti hirmaatuufi gumaachi guddina finnaatiif yookiin diinagdeef qabu gulantaalee Sirna Gadaafi umuriidhaan deema. Haala

sanaan, haqummaa sana mirkaanesuuf diinagdeen suuta-suutaan sadarkaa garaa garaatiin akka guddatu taasisa. Kun ammoo akka inaaffan, hanni, waljibbinsifi kacaccaltummaan hin jiraane taasisa. Iccitiin waan kanaaf haala mijeessu ammoo mata-duree armaan gadii keessatti ilaaluun ni danda'ama.

## Hariiroo Umurii, Gulantaalee Sirna Gadaafi Guddina Diinagdee

Sirna Gadaa keessatti ulaagaalee Oromoon nama gara gulantaa hooggansaatti fidu yookiin abbaa Gadaa taasisesee ittiin dhiyeessu keessaa tokkoofi murteessaan yookiin ijoon, qalbiifi mul'ata gaarii qabaatee nama waa guduunfatee/ jireenya ofii jijjireefi maallaqaafi faayidaa garaagaraatiif hin goyyoomfamne yookiin hin bitamne ta'uu qabachuu isaati (Asmarom 1973; 2000; Alemayehu 2009; Aseffa 2010 & Tadesse 2018). Sansakkaa (personality) kana fiduuf ammoo nama waggaa saddeet bulchuuf carraa argate, guyyaa dhalootee handhuura buufaate irraa kaasee hanga waggaa 40 (afurtamaatti) malleen hawaasumaa gulantaalee Sirna Gadaa hunda keessa jiran hunda keessatti akka beekumsaan hoogganuuf leenjisaa (coach) deema. Kanneen keessaa tokkoo mala hawaasummaa qusannaafi horanaa qabeenyaa (malsoneessi diinagdee) isa tokko. Kanarraa kan ka'e, wanti dhalootarraa ka'ee daa'imummaatti namaaf tasifamu, kan namni ennaa of danda'etti horatus akkasumas ammoo akkaataa itti bara sooramaatti qabeenya ofii itti qabatan, qusataniifi fayyadaman ilaala. Icciitiwwan malleen guddisa finnaa kunniinis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

1. Handhuuraa: (Kenna daa'ima dhalattuu Addunyaa kanatti calqaba dhufteef beekamtii ittiin kennaniidha.Qabeennyi kun daa'imni dhalattee gaafa handhuurrii ishii goge handhuura gogee irraa bu'e sana irra kaa'u. Mallattummaan (symbolic meaning) isaa daa'imman gaafa gadaamessa haadhaa keessa jiran, handhuurrii karaa soorata ittiin argataniidha. Gaafa dhalatteerraa kaasee garuu hireen ittiin karaa handhuura soorattu sun jijjiramee addunyaa kanatti gaafa dhuftu, carraa biraatti cehuu ishii agarsiisuuf kan taasifamuudha. Wanti handhuura gogee dhaqna daa'imaarra bu'e sana horii dhaabbataarra godhaniif carraa/ayyaana/ daa'ima sanaan sababeeffatanii madda jiruufi jireenyaa uumufiin barbaachisaadha, jedhamee waan yaadamuufi. Kunis kan agarsiisuu akka falaasama Oromootti namni haara'a addunyaa kanatti dhufe, qabeenyi akka barbaachisu gochuun guyyaa dhalootaa irraa jalqabee kan raawwatu ta'uu isaati. Kenni handhuuraa sun horii dhaabbataa ta'ee hindaanqoo miila lamaarraa hanga jabbii waatii (jabbilee) reefu dhalattuutti deemuu danda'a. Kenni kun gaala illee ni dabalata. Kotte-duudaan garuu hooda qaba waan ta'eef handhuuraaf hin kennamu.

2. Goduruu (0-8): Qabeenya bifa handhuraatiin kennameef kunuunfamteefi hindaanqorraa gara haadhoo re'eetti, yookiin gara haadhoo hoolaatti yookiin raadaa/jibichatti guddachuu dandeessi waan ta'eef, gaafa of beektee waggaa 3-8 gidduutti guduruu guddifatte gaafa haaddattu, rifeensa haaddame sana dugdarra yookiin qolomata horii sanaarra ka'aniifi qabeenya sana marabbeessuf. Beeladdaan guduruun irra kaa'amuuf yeroo baay'ee filataman garuu raada yookiin jibicha yoota'u, ilmoon gaalaa illee warra horsiisee-bulaa biratti kenna guddaa waan ta'eef ni kennama. Sanaa gaditti garuu waan qaburraa kennuufii ni danda'a.

3. Kodhaa/humna (9-16): Kodhaan kan kennamu dhala ofii kan hojii misoomaa keessatti tika-looniitiin maatii tajaajilaa jiraniif kan kennamu yoota'u, humni ammoo ijoollee maatiin isaanii harqa qalleeyyii taa'an kanneen maatii isaanii utubuufi jireenya ofii jijjiiruuf jecha tika loonii, midhaan haburdaallaa/amajaajotarra eeguu fi tajaajila mana keessaa namaaf kennuudhaan gatii dadhabbii isaanii safaramee kennamuufi dha. Akka waliigalaatti kennaawwann kunniin daa'ima dhalatee tika loonitiif ga'e/geessee f kan kennamuudha. Waadan kun gosa beeladdaa kamiiyyuu keessaa kormaa yookin dhalaa ta'uu danda'a. Yookiin ammoo, midhaan argatan irraa hanga waadaa galan sana kennaniifi akka horii lubbii qabu bitamuuf taasisu.

**4.** Gulummaa (17-24): Gosti kennaa kanaa dargaggeessaa gaafa ukee (taaboree) godoo ijaarratee tiksummaa isaa fixee bahuu mirkaaneffachuuf boroodhaan keessa bahee booda hojii qonnaa jalqabeef kennama.Gama biraatiin immoo gulumaan dargaggeessa jijjirama uummamaa kanneen akka

jabaachuu qaamaa, jijjirama sagalee (amala dargaggumma) agarsiise yookiin tikaa bahee qonna jalqabeef tapha doorii/goobee, hojii qonnaa shaakalaa kan jiraniif lafa addatti kutamee kennamurraa wagga waggan oomishanii kuufachaa deemaniidha.

5. Waajabila (Reward/Surprise) (waggaa 7-gaa'elaatti): Waajabilli kun badhaasa addaa kanijoolee/nama nama gammachiiseef kennamuudha. Kennaan kun kan kennamu cimina nama sanaatiif beekamtii kennuuf yoo ta'u, kayyoon isaa garuu dandeettii keessa nama jiru sana cimsatanii akka caalmaatti of ijaaran haamilee itti horuuf yaadameeti.

6. Man-baaha (25-32): Umuriin kun umurii gaa'elaa murteessaa jedhamee beekama. Dargaggeessi bara dargaggummaa isaa keessa waa kuufate sanarratti umuriin ga'elaaf gahee, shamarree kaadhimatee ture itti fuudhu yeroo baay'ee gulantaa kana keessatti. Yeroo tokko tokko garuu yoo ilma tokko yookiin ammoo ilma jaarsaa ta'e duursee fuudhu danda'a. Yoo harka qalleessa ta'e ammoo diinagdeedhaan haalaan of ijaaruuf jecha umurii kanaa olittii fuudhuu danda'a. Akka waliigalaatti garuu, man-baahaan kun kenna maatiin ilmaan isaanii baranoo/baranee/ taa'an mana baasudhaaf, gaafa mana baahan ammoo akka ennaa ijoollee horatanitti hin rakkanneef, kennamuufiidha. Kennaan kun qotiyyoo (sangaa qonnaa), dullacha (ennaa tokko tokko jabbii hootu wajjin), fada yookiin gaangoo, gaala, akkasumas midhaan illee ta'uu danda'a.

7. Guduunfaa (33-40): Namni tokko adeemsa jireenya isaa keessatti ennaa Sirna Gadaatiif qophaa'aa jirutti jaatanii baay'eetu isa qunnama waan ta'eef diinagdee, isaa cimsachaa deemuu qaba. Diinagdeen walirattii tuullamee cimee sadarkaa amansiisaarra gahee haala keessa jiru keessatti maqaa "duressa" yookiin 'sooressa" of gaahaa (self-sufficent) jechisiisuu irra geessise ammoo guduunfaa jedhama. Yeroon kun yeroo hoggansa waraanaa (Abbaa Dulaa) waan ta'eef iddoo itti ciminni isaa mirkanaa'uudha.

8. Baalchaa (41-48): Sadarkaan umurii kun kan gogeessi tokko Abbaa Gadaa itti ta'uudha. Ulaagaa Abbaa Gadaa nama taasisan keessaa tokko ammoo qabeenya gaahaa qabaachuudha. Jechi "Baalchaa" jedhu kun waliigala hiika "gumaata" jedhuun walitti dhufeenya qaba. Abaan Gadaa gaafa itti gaafatamummaatti dhufu, hojii baay'ee raawachiisu qaba. Haala sana keessatti ammoo qabeenyi isa barbaachisa. Kanaaf gosti waan qaburraa gumaata kennee qabeenya Abbaa Gadaa sana iticha. Maallaqni, horiifi midhaan gosaraa gumaachamuufi kan raawwii jilaatiif Abaan Gadaa qabeenya isaarraa itti dabalu sun baalchaa jedhama.

9. Dilbii (49-56): qabeenya karaa adda addaa walitti cimmite kana rakkina bara xoorii (pension)tiif oolu. Dilbiin qabeenya bara dheeraaf karaa adda adaa kuufame sadarkaa ol'aanaatti kan itti guddatee mul'atuudha. Bara kana keessa namni Abbaa Gadummaarraa luba bahe tokkoo humni isaa cimaa waan ta'eef, ennaa itti qabeenya daagee-hore sanarraa Abbaa-Gadaafi namoota iraa itti gargaaruudha. Yubni kun dilbii kanarraa jilaf gumaachuu qaba, gosafi hiyyeessa rakkates rakkoo baasuu danda'uu qaba.

10. Ciraa/Qajjiitii (Kaa'aa) (57-64): Ciraan qabeenya yookiin finna abbaa horee yoo ta'u, kan namni namarraa fudhatee itti fayyadamuudha. Fakkeenyaaf, dulloota (sa'oota) aannanii eeguudhaan horii dhaabbataa osoo hin tuqin aannan irraa qofa fayyadamuun horii dhaabbataa abbaadhaaf eeguu. Yookiin ammo qotiyyoo qonnaa namaa (abbaa handhuuraa/qabeenyaaf) tiksanii tajaajila qonnaaf irraa fayyadamuu ilaala. Qabeenyi dhaabbataan sun ciraa/qajjiitii yoota'u tiksuun irraa fayyadamuun sun ammoo kaa'aa jedhama.

11. Xoorii/Horsiisa (65-80): qabeenya bara dheeraaf horatan akka tajaajilaa kennan namaaf kennanii bu'aa achirraa argamuun of jiraachisuu; Hoolotaafi ro'oota akkasumas raada yookiin dullacha abbaan qabeenyaa horsiisaan namaaf kennuun namni fudhate sun ammoo eegee kunuunsee, kanneen haar'a dhalatan qixxeetti qooddatanii irraa fayyadamuu ilaala.

12. Hirma Furaa: (Dubartootaaf kan kennamu) ta'ee, daangaan umurii isaa gaafa/yeroo dubri gaa'ela geesseen murtaa'a. Kenni hirma furaa kun goromsa yookiin dullacha qajjiisa qabdu ilaalanii kennuuf. Dullachi/raaddi sun gaafa ilmoon dhalattutti aannan fiduu dandeessi waan ta'eef. Saa'a rimaa yoo taate ammoo haalan filatamaadha. Kayyoon isaa inni ijoon garu, faayidaan diinagdee caalaatti keessummittii haara'a dhufteef fuula ifaadhan simachuun haamilee itti horanii gara fuula-duraatti, xiiqidhaan hojjettee mana ofii qabattee akka itti fuftu gochuufiidha.

13 . Dhahoo:- Jechi dhahoo jedhu kun sirna misirrittiin/daayittiin guyyaa cidhaa barii ganamaan lafaa kaatee siiqqee, gaadiifi elemtu qabatee, daa'ima dugdatti baattee raada yookiin dullacha qophaa'efi kennaan dhiyaateef sana cafaqaa/licheedhaan dirra keessa rurrukutuudhan gara fuulduraatti ooffattee kan ishee ta'uu itti mirkaaneffattuudha. Keessumaa yoo warri isaa harka qalleeyyii ta'an saani kan nama biraa yoo ta'e erga hoodaaf sa'a nama biraa hooffattee booda, mallaqa sa'a sana bakka bu'utu lafa kaayamaaf. Maallaqa sanarratti waa kuufachuudhaan sa'a annanii bitatatu. Dhahoon kun irra caalaatti kan inni caalaatti fayyadu siiqqeen, gaadiifi okolee/elmtuun annanii sun mallattummaa aangessuu dubartootaati waan ta'eef moosifamuu ishee agarsiisuufi.

14. Argaa: argaan qabeenya adda-dureedhan aruuzota (misiroota) cimsuuf kennamu yoota'u, kan walitti qabamuufis misirroodhaafi. Orom-duriin akka humna isaaniitti kan horii dhaabbataa kennu jira. Jaldhaabdonni ammoo mallaqa walitti qabdee horii dhaabbataa bituufidhaan yaadannoo hin banne taassanii kaa'u. Yoo horii dhaabbataa bituuf haalli mijachuu baate garuu faaya gatii baasu bitanii badhaasu. Sanaan ala akka fedhii misirittitti meeshaa isheen akka bitamuuf fetus bituufin ni danda'ama.

***Gulantaalee Gadaa, Ga'ee Hojiifi Mala Qabannaa Qabeenyaa***

| **Lak.** | **Gulantaa** | **Umurii** | **Ge'ee hojii/Itti gaafatamummaa** | **Maqaa qabeenyaa** |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Dabballee | 0-8 | Dabballeen kan ittiin beekkamtu guduruudha. Ga'een hojii taphachuudha | Handhuuraafi guduruu |
| 2 | Gaammee Xixiqqaa | 9-16 | Tika loonii | Kodhaa/ human |
| **2** | Gammee Gurguddaa | 17-24 | - Qannaa, aramaa haamaa, dhahicha (ayida), oomisha walitti qabuu. | Gulummaa<br>Hoolaa, re'ee, gaala<br>Qotiyoota |
| 4 | Kuusaa | 25-32 | - Qabeenya warraa to'ataa,<br>ofiifis horataa deema<br>Gulantaa darba/mana dhaaba | midhaan, mana (godoo)<br>farda, gaangee,<br>shimala/ulee, eeboo<br>billaa/hannee, qawwee |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | | Sangoota kalootti fo'ee gabbifatee gurgurata mallaqa qabata | meeshalee manaa guutuu, |
| 5 | Raabaa | 33-40 | Bara/yeroo aangoo Abbaa duulummafi murteessadha | Lafa, mana (tokkofi isaa ol), maatii, loon karra guutuu, … |
| 6 | Gadaa | 41-48 | Bara Gadoomaa, bara Geggessuummaa<br>Hawaasaafi Jilootaa itti fudhatamu | Yeroon yeroo gadoomaafi jama gargaaruuf ga'uumsi itti uummamuudha. (baalchaa) |
| 7 | Yuba I | 49-56 | Bara itti Abbaa Gadaa gorsaa, deeggaraa<br>turan | Bara itti dilbiin mana namaati argamu |
| 8 | Yuba II | 57-64 | Bara itti bayyanachaa ykn boqochaa, qabeenya ofiis to'achaa jiraatani | Ciraa /qajjitii |
| 9 | Yuba III | 65-72 | " | Qabeenya xoorii (horsiisa) |
| 10 | Yuba IV | 73-80 | " | " |
| 11 | Jaarsa Qululluu | 81+ | Bara maallimummaa<br>(The terminal Sacred Grade, e.g. Monks) | Bara dhaalchisaa (awwaarrasaa)ti |

**Guduunfaafi Yaboo**

***Guduunfaa***

Adeemsawwan qorannoo armaan olirratti hundaa'udhaan, bu'awwan armaan gadii qorannoo kana keessatti adda bahanii jiru.

1. Akka arganoo qorannoo kanaatti, Sirni Gadaa, sirna bulchinsaa, hawaasummaafi amantii qofa osoo hin taane, sirna bulchiinsa finna (horataalee, qabeenyaafi misooma diinagdee) walitti fufiinsa qabu ijaaruu keessatti haala mijataa uumaa kan ture ta'u isaa qorannoon kun ni mul'isa. Sababni Oromoon qabeenya qonnaarraatti cimaa ta'eefis icciitii kana ta'uu isaa bu'aan qrannoo kanaa namatti agarsiisa.
2. Utubaaleen Sirna Gadaa afur yoo ta'anis, afran isaanituu wal-tti hidhamiinsa sirnaa guddaan kan qabaniifi bifa sirnaawaa ta'een kan hojjetan ta'uu isaa qorannoon kun agarsiiseera.
3. Akka falaasama Sirna Gadaatti qabeenyi daran haqa-qabeessa ta'e (the healthiest economy) horachuun kan danda'amu, adeemsa bara dheeraa, kan umurii ilmaan namaatiin walitti dhufuufi gitaa (age-set)fi marsaa Sirna Gadaa (Gada grades) tokkoo tokkoo isaa keessatti maal aka

hojjetufi akkamittin akka qabeenya horatu, mala hawaasummaa (life skills)tiin walqabsiisee kan qajeelchaa ture ta'uu isaa qorannoon kun ni agarsiisa.

4. Oromoon dur mala yeroo sanatti mijataa ta'een hiyyuummaa osoo hin taane hormmata (bal'ina/deebana) dhaalchisaa, itti gaafatamummaafi mala hawwaasummaa barsiisaa (Oromoon duri dilbii ijoolleef kaa'aa) kan ture ta'uu isaa bu'aan argannoo qorannoo kanaa ni agarsiistuudha.
5. Sirni Gadaa Oromoo, akka dhallii isaa miira/qorqalbii (psychology) ofittii amanamummaa, jaalala namaafi biyyaa, akkasumas, mul'ata gara fuula duraa qabaatanii addunyaa keessa jiraatan keessatti qormaata kamiiyyuu dandamataniifi itti abdatan jireenya gaarii jiraatan taasisuuf, dhala isaatiif jireenyatti raacatii kaa'aafii akka ture haalli qorannoon kun ni mul'isa. Icciitiin akka lammii biyya kanaatti Oromoon sadarkaa qabeenya qonnaa kan naannoo biraa irra akka fooyyee qabaatu taasise icciiti kana ta'uu akka danda'us agarsiiftuun tookko tokko haala qabeenya Sirna Gadaatiin walqabateen guddachaa ture (fkn. Haala homisha midhaniifi horsiisa loonii) irraa hubachuun ni dandaa'ama.
6. Gama biraatiin, keessumaa babal'ina magaalaafi shira siyaasaatiin walqabatee, fakkeenyaaf, Naannoo Magaala Finfinnee fa'itti, gaaga'amni dhibbaa aadaa hambaa garaa garaatiin Sirna Gadaarratti karaa diinagdeetiin walqabateen mul'achaa dhufaniin haalli jijjiramaa deemuun rakkoolee armaan gadiis qaqqabsiisuu isaa hubachuun danda'ameera. Isaanis:
    A. Qonnaan bulaan jireeny isaa guyyaadha gara guyyaatti gadi bu'aa deemuu.
    B. Keessumaa naannoo magaalaatti, sababa, dhiibbaa garaagaraatiin qaroomina ofii kanatti abdachuun hafee- qoralbiin isaa tuqamuudhaan abdii kutannaa keessa galuudhaan, lafa ijoollee jalaa gurgurfi, sanaan ammoo gaariin qabeenya bu'aa hin qabnerra oolchuun kasaaruu gariin ammoo itti dhuganii machaa'uufi qormaata fayyaa hedduu keessumeessuun kan dhufe ta'u isaa qorannoon kun adda baaseera.
    C. Haalota gargaarsa fakkataniin kennaa xixiqqoodhaan goyoomsamanii miira eeggattummaa keessatti kan kufaniifi qabeenya qaban qisaasessanii, rakkoo hammaataa irraa kan ka'e maatiiisaatiif ammoo mootummaattu seft-neetiidhaan gargaarsa laataafi kan jiru ta'uunis iddoo tokko tokkooti kan mul'atu ta'uu isaa; iddoo kaaniitti ammoo sababa milli jireenyaa harkaa badeef kan badheetti hafanii gadadoon gaaga'aman akka jiranis qorannoon kun adda baasee jira. .
    D. Laft isaa investmantiin harkaa fudhatamuun, beenyaan argame dandamannaaf

       osoo hin taane bakka maleetti qisaasa'uu.
    E. Aadaan kunuunsa biyyee laafuu isaatiin lafti hiyyoomee oomisha gaahaa kennuu dhabuun oomshifi oomishtummaan hir'achuun, rakkoolee hammaatoo jedhaman keessatti kufuun hawwaasa qonnaa kan mul'atu ta'uu adda baheera.
    F. Falaasama xabboo mal-soneessa diinagdee kana dagachuun akka dhaloota dhufuuf raacatii keenyu nu taasisuu hin dandeenye.

Walumaa gala, ennaa dhibbaa haala Addunyaawaa (globalization) dhaan dhidhimnee jirru kanaatti haala qonni itt jiru sana qofaan jijjirama fiduun akka hin danda'amne, haalota qabatamaan jiran qorannoo kanarra hubachuun danda'ameera.

## *Yaboo/Kallattii Gara Fuula Duraa*

Mal-soneessi diinagdee kan Sirna Gadaa keessa ture sun har'allee madaqfamuu akka danda'u haalota qorannoo kana keessatti adda bahanirraa hubachuun ni danda'ama. Faalasamni achi keessa jiru kun ammoo akka waan danuu ilaaluuf gumaacha hedduu qaba. Dhimmi kunis waan nama yaadachiisu qaba. Oromoon gaafa sirbu:

*"Mukti qottoo lafuma laaleet muraa,*

*Gowwaa malee,*

*Donna malee,*

*Ilmi baraa jabana ilaaleet bulaa"* *j*edha.

Kunis kan nama yaadachiisu wayyoomsa diinagdee Oromootiif beekumsa xabboo isaa kana haala qabatamaa yeroofi Aaddunyaatti madaksuun jireenya Oromoo jijjiruun barbaachisaadha. Haala kanaan:

1. Sonawwan kanneen durii kana gara hammayyatti madaqsuudhan mala qusannaa hawaasa kenayaarratti hubannoo uumuufi jajjabeessuun osoo cimee itti deemame gaariidha.
2. Kanaaf, inni kaleessa lafatti liqeessee yookiin ammoo beeladdaarra kaa'ee ijoollee ofiitiif finna guduunfaa ture har'as mala walfakkaatuun dhala ofiitiif gumaachuun barbaachisaadha.
   a. Oromoon dur: "Nooraa" yoo jedhan.

      Loon kuma horaa Tiksee wajjin!

      Kan hortan nyaadhaa."
   b. Har'a garuu yoo eebba kana ittiin geessu namni baay'een "eessa tiksina?" siin jedha.
   c. Deebiin isaa gabaabumatti, lafi tikaa amma manneen baankiiti, hojii daldalaa, industrii hammayyaafi kkf…cimsuun garuu fardiidha.
3. Bifuma kanaan, manneen baankii maqaalee kanneen akka handhuuraa, guduruu, kodhaa, humna,… jedhaan kana akkawuntii uumuun maatiin ammoo sanaan banuudhan mala qusannaa keenyaa cimsuun qormaata jireenya keenya irratti gara fuula duraa dhufu dandamachisuun osoo itti fufe.
4. Haala walfakkaatuun dhalaanis dhala malees kaawwachuu namni barbaadu falaasama Sirna Gadaa kana faajjii (brand) taasisuun qusachuunifi irraa fayyadamuun ni danda'ama.

Walumaagalattii malleen armaan olii kanneen fayyadamuudhaan gam tokkoon sona xabboo kana tursiisuun, gama biraatiin ammoo hawaasa mala qusannaafi mala jireenya baraan wajjin deemu wallaaluun qormaata hamaaf saaxilame kana dandamachiisuun osoo ciminaan irratti hojjatame gaariidha

## Wabiileee

ባኃሮ ቢያንሣ :: 1985:: *[የገዳ ሜልባ _ Oromia] 'ኦሮሚያ'*፡ (የኦሮሚያ ህዝብ ታሪክ)፡፡ አዲሰ አበባ፡፡

ታቦር ዋሚ ::2006:: *የውገና ድርሰቶችና የታሪክ እውነቶች፡፡* አዲስ አበባ፤ አርቲስትክ ማተሚያ ቤት፡፡

Alemaayehu Diro. 2004. "Oromo Development Conception: An Ethnographic Study of Tulama Oromo." School of Graduate Studies: Addis Ababa University. Published MA Thesis.

Alemayehu, Haile. 2009. *Gada System: The Politics of Tulama Oromo, Vol.1.* . Addis Ababa: Oromia Culture and Tourism Bureau.

Asefa, J. 2010. *"Oromo Peoplehood: Historical and Cultural Overview" . Sociology Publications and Other Works.*

Asmarom, L. 2000. *Oromo Democracy: An Indigenous African Political System.* Asmara: The Red Sea Press, Inc.

__________. 1973. *Gada: The Three Approaches to the Study of African Society* . New York: Macmillan Publishing Co. Inc.

Barbier E. B. 2005. *Natural Recourses and Economic Development.* Cambridge: Cambridge University Press.

Bassi Marco. 2005. *Decisions in the Shade*: Political and Judicial Processes among the Borena. Red Sea Press.

__________. 1996. Power's Ambiguity or the Political Significance of Gada. In J. H.

P.T.W. Baxter, Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquires. (pp. 92-102). Stockholm: The Red Sea Press, Inc.

Dahle Gurdun. (1996). Sources of life and identity. in Baxter.P, Jan Hultin, and Alezandro

Triulzi .1996. *Being and becoming Oromo*: Historical and Anthropological Enquiries. Upsala: Nordiska Afrikainstitutet.

Efa, Tadesse. 2018. Relevance of Gadaa Values and Practices in Current Development. *Arts and Social Sciences Journal. Volume 9 • Issue 3*, 1-6.

Eshete Gemeda. 2008. *African Egalitarian Values and Indigenous Genres:* The Functional and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective. PhD Dissertation: Syddansk Universitet.

Gaur, R. R., Sangal, R., fi Bagaria, G. P. 2009. *Human Values and Professional Ethics. Journal of Human Values* (1st ed.). New Delhi: Excel Books.

Gemechu, Megersa. 1996. Oromumma: Tradition, Conciousness and Identity. In J. H. P.T.W. Baxter, *Being and Becoming Oromo: Historical and Anthropological Enquires.* (pp. 92-102). Stockholm : The Red Sea Press, Inc.

Gemechu Megersa and Anessa Kassam. 2019. *Sacred Knowledge Traditions of the Oromo of the Horn of Africa.* fifinne and UK: Artist Printing Interprise in Ethiopia and Ingram Spark in UK.

Geshe Bona. 2013. "Local Characteristics under Ethiopia and South African's Constitution: Gada as A foundation of the State Constitution". LLM Thesis (Pdf): University of Centeral European.

Madhumathi, M. 2011. The Gandhian Approach to Rural Development. In an International Journal of Creative Research Thoughts (IJCRT). www.jcrt.org.

Mohammed Hassen. 1994. *The Oromo of Ethiopia*: A History 1570-1860 (Trenton: Red Sea Press

Mohammed Hassen. 2014. Conquest, Tyranny, and Ethnocide Against the Oromo: Human Right Conditions in Ethiopia, ca. 1880s-2002. In *Contested Terrain: the Oromo and Ethiopian studies* (pp. 185-217). Minneapolis: Lutheran University Press.

Suchila, G. 1979. The Gandhian model of Self-reliance in the Indian Economy *In Journal of Entereconomics.* Verlag Weltarchiv, Hamburg, Vol. 14 (2) pp. 80-83. (ISSN 0020-5346).

Tedesse, Berisso. 2018. The Gada System: Why Considered Democratic? *Gada Journal, A BIlingual Journal of Institute of Oromo Studies (IOS) vol. I, No. I. ISSN: 2616-3977*, 1-8.

Tesema, Ta'a. 2006. *The Political Economy of an African Society in Transformation: The Case of Macca Oromo (Ethiopia)*. Germany: Harrasssowitz Verlag. Wiesbaden.

________. 2017. What is indignous Knowledge? *Proceings of the Second International Conference on Oromo Studies* (pp. 8-11). Jimmaa: Jimma Univeristy.

UNESCO 2016. Gada system: An indigenous democratic socio-political system of the Oromo. Retrived on 20/9/2020 from https://ich.unesco.org/en/RL/gada-system-an-indigenous-democratic-socio-political-system-of-the-oromo-01164.